Maanuwaalii Hojimaata

Qorannoo *fi Qo'annoo*

Seeraa

Biiroo Haqaa Oromiyaa

Hagayya, 2009

Finfinnee

## BAAFATA

### Mata Duree Fuula KUTAA TOKKO

### Tumaalee Waliigalaa

1. Mata-Duree Gabaabaa…………………………………………………………….
2. Hiika…………………………………………………………………………….
3. Ibsa Koornayaa………………………………………………………………….
4. Daangaa Raawwatiinsaa………………………………………………………….
5. Kaayyoo Maanuwaalichaa………………………………………………………..
   5.1. Kaayyoo Gooroo………………………………………………………
   5.2. Kaayyoo Gooree………………………………………………………

KUTA LAMA

HOJIMAATA QORANNOO

Boqonnaa-Tokko

Qajeeltoowwan Bu'uuraafi Tumaalee Waliigalaa

6. Kaayyoo Qorannoo…………………………………………………………5
7. Kallattii Qorannoo.
8. Moodeeloota Qorannoo……………………………………………………….
9. Maloota Qorannoo…………………………………………………………….
10. Maddaa fi Bulchiinsa Baajata Qorannoo ……………………………………6
11. Afaan Qorannoon Itti-Gaggeeffamu……………………………………………7
12. Mirga Odeeffannoo Argachuu………………………………………………
13. Tumaalee Waliigalaa Sirna Bulchiinsa Qorannoo………………………………

Boqonnaa-Lama

### Qophii, Qabiyyee fi Madaallii Gumee Qorannoo

14. Hojiilee Boqonnaa Qophii…………………………………..
15. Qophii Gumee Qorannoo Qorannoo……………………………………………….
16. Qabiyyee fi Gurmaa'ina Kutaalee Gumee Qorannoo…….
17. Gumeewwan Qorannoo Madaaluu fi Sadarkeessuu……………………………
18. Ulaagaalee Madaallii Gumee Qorannoo Qorannoo…………………………….
19. Gurmaa'ina Garee Gulaallii Gumee Qorannoo…………………………………
20. Haala Gumee Qorannoon Fudhatama Itti-Argatu………………………………
21. Gumeewwan Qorannoo Sadarkeessuu…………………………………………
22. Haala Gumee Qorannoon Kufaa Itti-Taasifamu………………………………
23. Bu'aa Kufaa Taasifamuu…………………………………………………………

### Boqonnaa-Sadii

### Sina Caqafama Maddoota Odeeffannoo

24. Sirna Maddootni Odeeffannoo ittiin ibsaman……………………………………

### Boqonnaa-Afur

### Mala Barreeffamaa fi itti Fayyadama Waabii

25. Mala/Boca Barreeffamaa…………………………………………………………
26. Mata-duree/Maqaa ibsaa…………………………………………………………
27. Gabateewwan……………………………………………………………………
28. Mata-dureewwan Gugurdoo fi Xixiqqoo…………………………………………
29. Waraabbiiwwan…………………………………………………………………
30. Waraabbiiwwan Dhedheeraa…………………………………………………….
31. Akkaataa Barreeffama Qubee fi Jechoota Gabaajee……………………………
32. AkkaataaYaadannoon Miiljalee itti Barreeffamu………………………………

### Boqonnaa-Shan

### Sirna Qophii fi Qabiyyee Gabaasa Qorannoo

33. Haala Qophii Gabaasaa…………………………………………………………..
34. Gurmaa'ina/Kutaalee/Qabiyyee/ Gabaasichaa…………………………………
35. Qaam-Dureewwan Gabaasichaa…………………………………………………
36. Kutaa/Qaama Ijoo Qoranichaa……………………………………………………

**37.** Dhimmoota Dhumaa……………………………………………………………

**KUTA SADI**

**Sirna Bulchiinsa Hojiiwwan Qorannoo**

**Boqonnaa-Torba**

**Itti gaafatamummaa Naamusaa Qorattootaa**

38. Qajeeltoowwan Naamusa Hojii Qorannoo Eeguu fi Kabajuu…………………

39. Naamusa Sassaabbii Odeeffannoo Kabajuu……………………………………

40. Icciitummaa Eeguu……………………………………………………………

41. Boqonnaa-Lama………………………………………………………………

42. Itti gaafatamummaaAdeemsichaa……………………………………………

43. Gahee Hojii [Gaggeessaa] Adeemsichaa………………………………………

44. Ragaa Qo'qnnoo fi Qorannoo qabachuu………………………………………

45. Sirna Bu'aan Qorannoo Itti-Tamsaasamu/Hojiirra Itti-oolu Diriirsuu…………

46. Koree Gulaallii Qorannoowwanii………………………………………………

47. Ulaagaa Madaallii fi Maxxansa Bu'aalee Qorannoo……………………………

48. Mirga Biiroon Qorannoowwan irraa qabaatu…………………………………

**KUTAA AFUR**

**Tumaalee Adda Addaa**

49. Dirqama Deegarsa Kennuu…………………………………………………18

50. Hojimaata Raawwatiinsa Hin Qabne…………………………………………18

51. Tumaa Yeroo Ce'umsaa…..…………………………………………………18

52. Yeroo Maanuwaalichi Hojii Irra Itti Oolu……………………………………18

**KUTAA SHAN, Gabateewwan, Uunkotaa fi Gucoota**

# Maanuwaalii Qorannoo Seeraa Biiroo Haqaa Oromiyaa

<u>Seensa</u>

Qorannoo fi Qorannoo rakkoolee fi hudhaalee sirna seeraa fi bulchiinsa haqa yakkaa qabatamoo fi wayitawaa ta'an hiikuu fi gorsa seeraa gahumsa qabu kennuu dabalatee, wixineewwan seeraa fi barreeffamoota hubannoo seeraa hawaasaa gabbisan qopheessuu dandeessisanii fi ergama isaa milkeessuuf gargaaran gaggeessuun,Hojiilee ijoo Biiroo Haqaatiif kennaman keessaa isa tokko waan ta'eef;

Qorannoo fi Qu'annoo qulqullinaa qabuu fi bu'aa-qabeessaa ta'e gaggeessuuf immoo, hojimaata wal-duraa-duuba adeemsota hojichaa mul'isuu, sirna qajeeltoowwan bu'uuraa dhimmoota naamusaa hammatuu fi iftoominaa fi itti-gaafatamummaa dhugoomsu diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Kaayyoowwan gurguddoo armaan olitti ibsaman galmaan ga'uu fi ogeessota Qorannoo fi Qorannoo seeraa gaggeessaniif akka qajeelfamaatti akka gargaaruuf Maanuwaaliin kun qophaa'ee jira.

**KUTAA TOKKO**

**TUMAALEE WALIIGALAA**

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Maanuwaaliin kun**: "Maanuwaalii Qorannoo Seeraa Biiroo Haqaa Oromiyaa"** jedhamee waamamuuni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika birookan kennisiisuuf yoo ta'e malee, **Maanuwaalii**kana keessatti:

   **1)** **"Qorannoo"**jechuun rakkoolee qabatamaan mudatan hiikuuf ykn bu'aalee beekumsa haarawaa ykn hubannoo dabalataa argachuuf ykn sirrummaa fi

dhugummaa arganoowwanii madaaluu fi mirkaneeffachuuf, adeemsota sirnaawaa fi too'atamaa hordofuudhaan, odeeffannoo funaanuun, gurmeessuun, qindeessuu fi xiinxaluun, yaada guduunfaa qabatamaa fi amansiisaa irra gahuuf, mala Qorataan itti-gargaaramuu yoo ta'u;barreeffamoota, ibsitoota, xiinxalootaa fi maxxanfamoota gaggabaaboo barsiisoo ta'anii fi hubannoo seeraa gabbisan qopheessuuf Qo'annoo taasifamu kamiiyyuu ni dabalata;

2) **"Qorannoo Seeraa"**jechuun milkaa'ina mul'ataa fi ergama Biirichaa deeggaruuf, mata-dureewwan *ijoo jedhamanii* dursanii filataman ykn dhimmoota waqtaawaa dursii kennamuuf irratti xiyyeeffachuun, yaada furmaataa filatamaa rakkoolee qabatamoo hojimaataa fi hanqinaalee imaammata, tarsiimoo fi seeraa hiikuu fi hojiirra ooluu danda'u dhiyeessuuf **Qorannoo** gaggeeffamuu dha;

3) **"Qorataa"** jechuun ogeessa yookiin hojjataa Biirichaa **Qorannoo Seeraa** gaggeessu yookiin Qorannoo Biirichi qaamolee biroo waliin walta'uun gaggeessu keessatti odeeffannoo funaanuun, qaaccessuun, goolabuun ykn yaada furmaataa kennuun nama tajaajiluu dha;

4) **"Gumee Qorannoo/Gumee Qorannoo"** jechuun….bu'uura Maanuwaalii kanaan qophaa'uu dha;

5) **"Maanuwaalii"** jechuun Maanuwaalii Qorannoo fi Qorannoo Seeraa ti;

6) **"Garee Gulaallii"** jechuun Qorannoo Qorataan gaggeefame gulaaluu fi mirkaneessuuf qaama bu'uura Maanuwaalii kanaan gurmaa'ee dha;

7) **"Koree Manajimantii"** jechuun…..

8) **"Biiroo "**jechuun Biiroo Haqaa Oromiyaa ti**;**

9) **"Hoogganaa"**jechuun itti-gaafatamaa olaanaa Biirichaa ti;

10) **"Adeemsa Hojii"** jechuun Adeemsa Hojii Qorannoo fi Qophii Wixinee Seeraa Biirichaa ti;

11) **"Gaggeessaa"** jechuun Gaggeessaa Adeemsichaa ti;

12) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan namummaan kennameef dha;

13) "**Waabii**" jechuun hojiiwwan Qorannoo/Qorannoo gaggeessuuf akka galteetti (input) fayyadan kanneen akka barreeffamoota (Kitaabilee, Barruulee, Gaazexaa, Artikiloota, Sanadootaa fi kkf), tumaalee seeraa, yaadaa fi ilaalcha

namoota dhuunfaa ykn garee walumaagalatti, galteewwan (input) biroo qorannichaaf akka maddaatti gargaaran ni hammata;

14) **"Yaad-Fudhannaa Aad-Malee"["Hanna Yaadaa](Plagiarism)"**jechuun karaa kallattiinis ta'e alkallattiin qorannoo, yaada, ilaacha ykn ibsa bu'aa hojii nama biroo, ta'e jedhanii nama gowwoomsuuf, madda isaa osoo hin caqasine ykn beekamtii osoo hin kennine, kan ofii fakkeessuun Qorannoo keessatti hammachiisuu dha;

## 3. Ibsa Koornayaa

**Maanuwaalii** kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame *koornayaa* dubartiis ni dabalata.

## 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Tumaaleen Maanuwaalii kanaa:

1) Qorattootaa fi Qorannoowwan Seeraa Biirichi ofii isaatiin ykn qaama biroo waliin walta'uun/gamtaadhaan gaggeessu kamiiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2) Tumaan waliigalaa Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, qaamota yookiin dhimmoota tumaaleen Maanuwaalii kanaa irratti hin raawwatamne ilaalchisee Adeemsichaan ilaalamaa kan murtaa'u ta'a.

## 5. Kaayyoo Maanuwaalichaa

Maanuwaalichi Kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Qorattootni wal-duraa-duuba hojiiwwan QorannooSeeraa sirriitti akka hubatanii fi hojmaata walfakkaatuakka hordofan taasisuun, sirna itti-gaafatamummaa, si'oominaa fi iftoomina qabu diriirsuun,
2) HojiiwwanQorannoo Seeraa bu'aa-qabeessa ta'e, yeroo gabaabaa fi baasii madaalawaan akka gaggeeffamudandeessisuunbu'aawwan Qorannoo qulqullinaa fi gahumsa akka qabaatan taasisuun;
3) Maloota Biirichihojiiwwan Qorannooitti gaggeessuilaalchisee, dhimmamtoota, deeggartootaa fi qaamolee beekuu barbaadanhundaaf akka madda odeeffannootti tajaajiluun,

milkaa'ina mul'ataa fi ergama Biirichaa deeggaruu.

KUTA LAMA

HOJIMAATA QORANNOO

Boqonnaa-Tokko

Qajeeltoowwan Bu'uuraafi Tumaalee Waliigalaa Qorannoo

6. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon gaggeeffamu kamiyyuu dhimmoota ijoo jedhamanii Biirichaan filatamanii fi fedhiiwwan waqtaawaa dursii kennamuuf irratti bu'uureffachuun, rakkoolee qabatamoofi hanqinaalee immaammata, tarsiimoo ykn seeraa hiikuudhaan ykn/fi beekumsa haarawaa ykn huubannoo dabalataa argamsiisuun,milkaa'ina mul'ataa fi ergama Biirichaa deeggaruuirratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

6. Kallattii Qorannoo

Tumaaleen Maanuwaalichaa rogummaa qaban biroo akkuma eegamanitti ta'ee, mata-dureewwan Qorannoo filachuun walqabatee yknGumeewwan Qorannoo sadarkeessuu ilaalchisee, gosoota Qorannoo hojimaata ykn bulchiinsaa haqaairatti xiyyeeffatuu fi moodeeloota Qorannoo Qorattoota gamtaawan hirmaachsuu fi rakkoole waliinii qaamolee haqaa irratti xiyyeeffatuuf dursi ni kenname.

7. Gosoota Qorannoo Seeraa

**1)** Qorannoon Biirichaan gaggeeffamu kamiyyuu Gosoota Qorannoo armaan gadittii tarreeffaman hordofuu ni danada:

- a) Qorannoo bu'uurawaa, **xiinxala tumaalee ykn qajeeltoowwan** imaammata**,** tarsiimoo ykn sirna seerotaairatti xiyyeeffatu;
- b) Qorannoo **hojimaata** ykn bulchiinsaa sirna haqa iratti xiyyeeffatu;
- c) Qorannoo**Akkamtaa** ( Qualitative R)
- d) Qorannoo **safaramaa** ( Quantitative R)

2) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame jiraatullee, hojii Qorannoo tokko keessatti Gosni Qorannoo tokkoo ol hojiirra ooluu ni danda'a.

## 8. Moodeeloota Qorannoo Seeraa

1) Qorannoon kamiyyuu bu'uura moodeeloota Qorannoo armaan gadittii tarreeffamaniin gaggeeffamuu ni danada:
   a) Qorannoo Qorataa **tokko qofaan** gaggeeffamu;
   b) QorannooQorattoota **gamtaawan** hirmaachsu;
   c) Qorannoodhimma **seeraa fi haqaa qofa** irratti xiyyeeffatu
   a) Qorannoo dhimmoota **dhimmoota** seeraa fi haqaan walitti-dhufeenya qaban **biroos** hammatu;
2) Moodeelli Qorannoo Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffameen ala jiru yoo dhiyaate, Adeemsichaan ilaalamaakan murtaa'u ta'a.

## 9. Afaan Qorannoon Itti Gaggeeffamu

1) Qorannoon kamiyyuu Afaan /hojii Naannichaatiin/Oromootiin/ gaggeeffamuu qaba;
2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1)jalatti ibsame akkuma eeggametti ta'ee,keesumattuu, arjoomtota/deeggartoota faayinaansiitiin ykn dhimmamtoota ykn fayyadamtoota bu'aa Qorannichaatiin walqabatee, sababni amansiisaa fi quubsaan yoo dhiyaateQorannoon afaan dabalataa/biroo barbaachisaa ta'ee itti argameen walmakee akka gaggeeffamu Biirichihaala addaatiin hayyamuu ni danda'a.

## 10. Maddaa fi Bulchiinsa Baajata Qorannoo

1) Biirichi, hojiiwwan Qorannootiif kan oolu baajata idilee madaalawaa ta'e, bara baraan ni ramada;
2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkuma eeggametti ta'ee, fandii Qorannoo/deeggarsa maallaqaa maddoota/arjoomtota biyya keessaa ykn biyya alaa irraa argamuun, walta'iinsa michummaa uumuudhaan, pirojeektotniQorannoo gamtaawaa/waliinii[joint R-projects] gaggeeffauu ni danda'a;
3) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatulee, Qorannoon fandii maddoota biraa ykn arjoomtota irraa argamuun gaggeeffamu kamiyyuu,ergama Biirichaa fikaayyoo fi kallattii Qorannoo waliin kan walsimatu ta'uun isaa Biirichaan mirkanaa'uu qaba;
4) Baajata idilee Biirichaan ramadamuunis ta'e, deeggarsa madda biroo irraa argamuun Qorannoon gaggeeffamu kamiyyuu, bu'uura seerotaa fi sirna faayinaansii mootummaatiin buluu qaba;

5) Tumaaleen Maanuwaalichaa rogummaa qaban biroo akkuma eegamanitti ta'ee, maallaqni hojiiwwan Qorannootiif hayyamamu kamiyyuu qajeeltoowwan Maanuwaalii kana, keewwata (6) jalatti ibsame waliin kan walsimu ta'uu qaba;
6) Adeemsichi, maallaqni Qorannoof hayyamame, sirnummaa fi guutummaan kaayyoo yaadameef qofaaf ooluu isaa hordofuu fi mirkaneeffachuu qaba;
7) Biirichi, Sirna baajatni Qorannoo si'oominaan, iftoominaan, bu'aa-qabeessummaa fi itti-gaafatamummaan hojiirra ooluu isaa hordofuu fi mirkaneessisuu dandeessisu ni diriirsa.

11. **Tumaalee Waliigalaa Sirna Bulchiinsa Qorannoo**

1) Hojiin Qorannoo Seeraa, akka hojii ijoo fi idilee Biirichaatii fi hojii ogummaa seeraa of-danda'aa godhamee fudhatamuu fi xiyyeeffannaa olaanaadhaan gaggeeffamuu qaba;
2) Qorannoon Biirichaan gaggeefamu kamiyyuu Biirichaan kan bulu ta'a;
3) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (9)n kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gaggeessaan adeemsa hojii Biirichaa kamiyyuu hojiirra oolmaa tumaalee Maanuwaalichaatiitiif itti-gaafatamummaa qaba;
4) Qorataan Qorannoo gaggeessu kamiyyuu, akkaataa karoora Qorannichaatiin Adeemsichaa fi adeemsa hojii ofii isaatiif gabaasa idilee dhiyeessuu qaba;
5) Biirichi, Joornaalota irratti maxxansiisuun ykn seminaara, simpooziyeemii, konfaraansii, workishooppii fi waltajjiiwwan marii kkf qopheessuudhaan haala argannoowwan Qorannoo itti tamsaasaman ni mijeessa;
6) Tumaaleen Maanuwaalichaa rogummaa qaban biroo akkuma eegamanitti ta'ee, Qorannoon kamiyyuu tumaalee seerota raawwatiinsa qabanii hordofuu fiqajeeltoowwan naamusa ogummaa eeguudhaan gaggeeffamuu qaba;
7) Dhorkaan ykn daangaan seerota rogummaa qabaniin ifaan tumame akkuma eegametti ta'ee, Qorannoo bu'uura Maanuwaalii kanaan gaggeeffamuun walqabatee, qaamni Biirichaa dhimmi ilaallatu kamiyyuu odeeffannoo, ragaalee ykn deeggarsa barbaachisaa Adeemsichi ykn Qorataan gaafatu kennuuf itti-gaafatamummaa qaba.

**Boqonnaa-Lama**

**Hojiilee Boqonnaa Qophii**

**12. Fedhiiwwan Sassaabuu fi Dhimmoota Qorannoo Murteessuu**

**1)** Adeemsi Hojichaa:

- **a)** Rakkoolee qabatamoo adeemsa hojii keessatti mudatanii fi muuxannoowwan argaman ilaalchisee, adeemsaalee hojii Biirichaa sadarkaa naannoo jiranii fi Waajjiraalee Haqaa Godinaalee fi Aanaalee mari'aciisuun;
- **b)** dhimmamtootaa/qood-fudhattoota [qaamolee seeraa] biroo irraa yaada dabalataa fudhachuun;
- **c)** barreeffamoota rogummaa qabanii fi gabaasota qorannoo armaan dura gaggeeffaman xiinxaluudhaan;
- **d)** argannoowwan armaan duraQorannoon irra-ga'ameen walqabatee Qorannoowwan dabalataa/itti-fufiinsaa akka gaggeeffamu yaadota kennaman ilaaluudhaan;fedhiiwwanQorannoo ijoo ta'anii fi dhimmoota dursi kennamuuf addaan baasee ni filata;

**2)** Dhimmootni fedhii Qorannoo ijoo ta'anii fi dursi kennamuuf jedhamanii bu'uuraKeewwata kana, keewwata xiqqaa (1)n Adeemsichaan fudhatama argatanii filataman, Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatanii mirkanaa'uu qabu.

**13. Karoora Qorannoo Qopheessuu**

1) Adeemsichi, dhimmootafedhii Qorannoo ijoo ta'anii fi dursi kennamuuf jedhamanii bu'uuraKeewwata kana, keewwata xiqqaa (2)n Koree Manajimantii Biirichaatiin mirkanaa'an irratti hundaa'uudhaan,Karoora hojiiwwan QorannooBiirichaa ni qopheessa;

2) Karoorri hojiiwwan Qorannookeewwata kana, keewwata xiqqaa (1)n ibsame, bara-baraan, kurmaana 2ffaa fi 3ffaa keessatti qophaa'uu qaba.

**14. Mata Dureewwan Qorannoo Filachuu fi Mirkaneessuu**

***[Ulaagaalee Filannoo Mata Dureewwan Qorannoo]***

Mata dureen Qorannoo ulaagaalee armaan gaditti tarreeffaman guutuu qaba:

**1)** Adeemsichis,bu'uura keewwata (12)n fedhiiwwan Qorannoo filatamanii fi Karoora hojiiwwan Qorannoobu'uura keewwata (13)n qophaa'e irratti hundaa'uudhaan, mata durichi ykn Qorannichi:

a) dhimmoota waqitaawaa dursii kennamuuf irratti kan xiyyeeffate;

b) rakkoolee fi hudhaalee qabatamoo seeraa fi haqaa hiikuu fi/ykn beekumsa haarawaafi/ykn hubannoo dabalataaargamsiisuukan dandeessisuu ta'uu isaa;

c) Barbaachisummaa, fayda-qabeessummaafi hojiirra ooluu danda'uu isaa;

d) Haarummaa mata-durichaa;

e) Kanaan dura mata duree walfakkaatu irratti qorannoon geeffamullee, qorannichi waqitaawwaa fi gahaan ta'uu dhabuu isaatiin irra-deebiidhaan Qorannoo gad-fageenyaan gaggeessuun, beekumsa muraasa ture bal'isuu fi odeeffannicha guutuu taasisuuf kan yaadame ta'uu isaa;

f) Argamummaa maddoota odeeffannoo rogummaa, gahumsaa fi qulqullina qabanii;

g) Fedhii fi kakka'umsa, gahumsa ogummaa fi muuxannoo qorannoo Qoratichaa waliin kan wal-simu ta'uu isaa;

h) humna namaa Biirichaatiin,akkasumas, humna maallaqaa fi daangaa-yeroo murtaa'aa[bara baajatichaa] keessatti raawwatamuu danda'uu isaa;

i) hudhaalee/hanqinaalee mudachuu dada'aniif tarkaanfiin furmaataa fudhatamuu danda'uu jiraachuu isaa;

j) Waliigalatti, milkaa'ina mul'ataa fi ergama Biirichaatiif gumaacha qabu; madaaluudhaanmata-dureewwan bara baajataa tokko keessatti Qorannoon irratti gaggeeffamuu danda'u ni filata.

2) Mata dureen Qorannoo kamiyyuu, haala gabaabaa, ifaa fi hawwataa ta'een bocamuu/qophaa'uu qaba.

3) Mata dureen Qorannoo Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1)n Adeemsichaan fudhatama argatee filatamate kamiyyuu, Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

**15. Gumee Qorannoo Qopheessuu**

Gumeen Qorannoo kamiyyuu haala armaan gaditti tarreeffameen qohaa'uu qaba:

1) Qorataan kamiyyuu bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (4)n Gumee Qorannoo Qorannoo Biirichaan mirkanaa'e osoo hin qabaatin Qorannoo gaggeessuuf hin hayyamamuuf;

2) Qorataan Qorannoo gaggeessuu barbaadu kamiyyuu dursee, mata-duree Qorannichaaf filatame irratti Adeemsicha waliin erga wal-haasa'ee fi

barreeffamoota/qorannoowwan dhimmichaan walitti-dhufeenya qaban erga dubbiseen/sakatta'een booda, wixinee-duraa Gumee QorannooQorannoo qopheessee Adeemsichatti dhiyeeffachuu qaba;

3) Wixineen duraa Gumee Qorannooa bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2)n Adeemsichaafdhiyaate, Garee Gullaalliitiingamaaggamamuu qaba;
4) Gumee Qorannoo bu'uuraKeewwata kana, keewwata xiqqaa (3)n Garee Gullaalliitiin ilaalame,bu'uura bu'aa gamaaggamichaatiin yaada kennamuun irra-deebiidhaan fooyya'ee erga qophaa'ee booda, Adeemsichaafdhiyaatee fudhatama argachuu qaba.
5) Gumee Qorannoo Qorannoo bara baajataa tokko keessatti, hanga dhuma ji'a/kurmaana…tti/n duratti dhiyaachuu/qaba/ ni danda'a;
6) Haala addaatiin yoo hayyamame malee, Gumee Qorannoo Qorannoo daangaa-yeroo Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2)n murtaa'e keessatti hin dhiyaatin kamiyyuu fudhatama hin qabu;
7) Gumeen Qorannoo [ulaagaa madaallii bocaa fi qabiyyee Maanuwaalii kanaan tumame haalaa guutun, bu'uura boca/foormaatii/ Maanuwaalii kanaan walqabatee jiruun, baay'ina/koppii miseensota Garee Gulaalliittiin, "hard-koppii" fi "sooft-koppiin" qophaa'ee dhiyaachuu qaba;
8) Gumee Qorannoo, akka karoora hojii gara fuula duraaf gaggeessuuf yaadametti, bifa himoota yeroo fuula duraa mul'isaniin barreeffamuu qaba.
9) Gumee Qorannoo kamiyyuu, qajeeltoowwan bu'uuraa Maanuwaalii kana, Boqonnaa Lama jalattii tarreeffaman waliin kan walsimu ta'uu qaba;
10) Tumaaleen biroo Maanuwaalichaa akkuma eegamanitti ta'ee,Gumee Qorannoo Qorannoo, qabeenya fi baajata Biirichaa dhimmootaa fihojiiwwan dursi kennamuufii qabu irratti sirnaan hojiirra ooluu isaa mirkaneeffachuuf kan gargaaru, fudhatamummaa, barbaachisummaa, bu'aa fi fayda-qabeessummaa Qoranichaa kan murteessuufi raawwii waliigalaa Qorannichaa keessaa hanga dhibeentaa afurtamaa (%40) kan uwwisu waan ta'eef, fedhii dhimmamtootaa fi tumsitootaas hawwachuu, amansiisuu fi fudhatamummaa isaa deeggaruu haala danda'uun of-eegganaa, xiyyeeffanaa fi qulqullinaan qophaa'uu qaba.[1]

[1]Samuudni Gumee Qorannoo, Unkaa-006 irratti, Maanuwaalii kanaan walqabatee jira]

11) Gumeen Qorannoo Keewwata kana, keewwata xiqqaa (4)n Adeemsichaan fudhatama argatee filatamate kamiyyuu, Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

## 16. Gurmaa'ina Qabiyyee Gumee Qorannoo

Dhimmootni barreeffamoota Qorannoo gaggabaaboo ilaallatan akkuma eegamanitti ta'ee,qabiyyeen Gumee Qorannoo kamiyyuu Mata-Dureewwan armaan gadii haala hammatuun gurmaa'uu qaba:

**1) Haala Boca Mata-Duree Qorannichaa** ***[Title Formulation]***

Mata-Dureen Qorannichaa gar-malee osoo hin bal'anne, daangaan uwwisa isaa haala hojiirra oolchuu dandeessisuun dhiphatee/dhimmoota murtaa'oo irratti/ daangeeffamee/ xiyyeeffatee dhiphifamee, dhimmoota/qabxiiwwan ijoo Qorannichaan hammataman /haala calaqqisuun/irratti xiyyeeffatee, ifaa fi gabaabaa ta'ee bocamuu qaba.

**2) Seensa**

Seensi, mata-duree Qorannichaa ilaalchisuun, ibsoota hima rakkichaa fi seen-duubee, barbaachisummaa fi faayidaa, kaayyoo fi gaaffiilee/qabxiilee xiyyeeffannaa, daangaa fi daangeeffama Qorannichaa, xiinxala Qorannoowwan duraan dhimmicha irratti qorattoota birootiin gaggeeffamanii fi bu'aawwan argamanii, haala waliigalaatiingaggabaabsee ibsuu, akkasumas,Qoratichi Qorannichaa gaggeessuuf gahumsaa fi fedhii qabu akkaataa mul'isuun, haala amanamummaa fifudhatamummaa Qorannichaa deeggaruun qophaa'uu fi (*Boqonnaa-Tokko jalatti)*mata-dureewwan armaan gadii hammachuu qaba.

2.1. **Hima Rakkoo fi Duubessa**
***[Statement of the Problem & Background]***

Himni rakkoo fi Duubessi:

I. Maalummaa dhimma ykn rakkoo ykn gaaffii ijoo qoratamuuf yaadamee ilaalchisee, dubbistoota Qorannichaatiif odeeffannoo gahaa kan kennuu,mata-duricha irratti fedhii akka horatan kan taasisuu fihaala hawwataa fi salphaatti hubatamaa ta'een gabaabbinnaa fi ifaan dhiyaachuu qaba;

II. Dhimmoota/sababoota Qorannichagaggeessuufka'umsa ta'an, Qorannichi qorannoowwan biroo waliin walitti dhufeenya qabu, qabxiilee xiyyeeffannaa Qorannichaan hammataman, akkasumas, rakkoolee qabatamoo fiqaawwota yaad-rimeewwanii muli'suun Qorannichimaaliif akka taasifamuifaan kan agarsiisuu fi Qorannichaaf bu'uura bal'aa kan kaa'u ta'uu qaba.

## 2.2. Gaaffiilee Qoranichaa

Galmaan gahiinsa kaayyoowwanQorannichaakan murteessan, gaaffiileen gurguddoo Qorannichi qabatee ka'ee fi deebisuuf yaalu, akkasumas, dhimmootni xiyyeeffannaaijoo ta'an tarreeffamuu qabu.

## 2.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo waliigalaaQorannichi galmaan gahuu barbaadu fi tarreeffama tokkoon tokkoo cita-kaayyowwan gurguddoo haala ibsuun **kaayyoogooroo fi gooreen** addaan ba'ee, safaramaa fi daangaan uwwisa isaa murtaa'aa haala ta'een ifaan taa'uu/bocamuu qaba.

### Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo Gooroo jalatti, mata-duree Qorannichaa ilaalchisee, furmaatni Qorannichaan kennamuu yaadame haala wliigalaatiin ibsamuu qaba

### Kaayyoo gooree

Kaayyoo gooreejalatti immoo, kaayyoo GoorooQorannichaa galmaan gahuuf, hojiilee gurguddoo adeemsa Qorannichaakeessatti raawwachuuf yaadaman:

- mata-duree Qorannichaa ilaalchisee, Maalummaa dhimmichaa sirriitti hubachuuf xiinxala barreeffamoota rogumaa qabanii taasisuuf;
- Rakkicha addaan baasanii beekuu fi
- Yaada furmaataa rakkicha hiikuuf barbaachisu/dandeessisu dhiyrrssuuf akka ta'e haala muli'suun ibsamuu qaba

- Hima rakkoo Qorannichaa waliin haala walsimuu fi wal-tumsuun dhiyaachuu qaba;
- RakkooleeQorannichaan hammataman hiikuuf hojiilee gurguddoo adeemsa Qorannichaakeessatti raawwachuuf yaadamee fi rakkichi hiikamuu isaatiin faaydaalee argamu agarsiisuu qaba;

### 2.4. Barbaachisummaa fi Faayda-Qabeessummaa Qorannichaa

*[Justification & Significance]*

1) Qorannichi akkamiin rakkoo qabatamaa/hojimaataa hiikuu fi/ykn beekumsa bal'isuu/gabbisuu akka dandeessisu ibsamuu qaba;
2) Gaaffiin Qorannichaa deebi'uu ykn rakkichi hiikamuu isaatiin bu'aan argamu ykn gumaachi isaa maal akka ta'e; fayyadamtootnieenyu fa'aa akka ta'anii fi bu'aa Qorannichaa faaydaa kamiif, akkamitti akka itti gargaaraman ibsamuu qaba.

### 2.5. Uwwisaa Qorannichaa

1) Mata-dureen Qorannichaagar-malee/baay'ee bal'atee /hiixatee/ [hunda-galeessa ta'ee] Qorannichi bilchina[dhabeessa] akka hin [taane]dhabne, hanga baajataa fi yeroo, jireenya meeshaalee barbaachisoo fi argama odeeffannoo, akkasumas, gahumsaa fi dandeettii Qoratichaa irratti haala hundaa'een[fi qabatamaan hojiirra ooluu danda'uun] uwwisni Qorannichaa daangeeffamuu/dhiphachuu qaba;
2) Uwwisa Qorannichaa bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (14.2.5.1)ndaangeessuun dirqama/barbaachisaa ta'ee yoo argame, ulaagaan dhimmootaQorannichaan hammatamanii ittiin filatamaniifi sababni kaawwan uwwisaa ala taasifamaniif haala quubsaa fi amansiisaa ta'een tarreedhaan ibsamuu qaba.

### 2.6. Daangeeffama/Hudhaalee/Hanqinaalee Qorannichaa

Ragaaleen rogummaa fi fudhtama qaban argamuu ykn dhaqqabamoo ta'uu dhauu;

Hanqina baajataa ykn meeshaalee/galteewwan barbaachisoo ta'anii;

Gabaabbina daangaa-yeroo Qorannichaa fi kkf

### *2.7.* Malaa fi TooftaaQorannoo

1. Qorannichi gaaffiilee gurguddoo qabatee ka'e deebisuuf malaa fi tooftaa Qorannoo akkamiitiin akka gaggeeffamu ykn malaa fi tooftaan Qorannoo, xiinxala odeeffannoo adda-durummaan hojiirra oolu, mala akkamtaa (Qualitative) ykn safaramaa (Quantitative) ta'uun isaa addaan ba'ee taa'uu qaba;
2. Adeemsa Qorannichaa keessatti malootni tokkoo ol hojiirra kan oolan yoo ta'e, tokkoon tokkoo mala filatameen maali akka hojjatamu ibsi qabxiilee armaan gadii hammatu kennamuu qaba:
   a) Odeeffannoon akkamii, mala akkamiitiin akka walitti qabamu;

b) Sababni malli tokko isa biroo irraa/caalee filatameef fi faaydaa inni argamsiisu;
c) Deebii kennitoonni akkamitti akka filataman, samuudni hangam, akkamitti akka fudhatamuu;

3. Maddootni, malootnii fi meeshaaleen sassaabbii odeeffannoo akkamii( fkf, af/bar-gaaffii fi kkf), maaliif akka filatataman, akkamitii hojiirra akka oolan haala agarsiisuun;akkasumas, Qorannichi malootaa fi tooftaalee tolummaa, sirrummaa fi amansiisummaaqaban hordofuun akka gaggeeffamu haala muli'suun ibsamuu qaba;
4. Malaa fi tooftaan Qorannoo filatame, kaayyoowwan Qorannichaa waliin kan walsimu ta'uu qaba.
5. Barreeffamootni dhimmichaa waliin rogummaa qaban akkamii akka xiinxalaman/sakatta'aman ibsamuu/tarreeffamuu qabu;
6. Adeemsi sassaabbii, tooftaaleen gurmaa'inaa fiqindoomina odeeffannoo, haalaa fi hangi fudhannaa samuudaa,akkasumas, dhimma kanaaf kan gargaaran, qabxiileen xiyyeeffannaa marii gareelee, unkaaleen af-gaaffii fi bar-gaaffii,gabateewwan, chaartotni, giraafotaa fi gucootni kkfdursanii qophaa'anii, hojiirra akka oolan ibsamuu qaba.[2]

### 2.8. Xiinxala JalqabbiiBarreeffamoota Waabii

Kutaa kana keessatti:

1. Mata-duree filatame irratti armaan dura Qorannoon waqtaawaa fi gahaan Qorattoota birootiin kan hin gaggeeffamin ta'uun isaa mirkanaa'uu ykn Qorannoowwan gaggeeffaman yoo jiraatan, sababni gahaan irra deebi'amee akka hojjatamu barbaachiseef ibsamuu qaba.

2. Maddoota/Kitaabotaa fi Qorannoowwan mata-duree filatameen walitti-dhufeenya qabanii fi armaan dura Qorattoota birootiin barreeffaman keessaa kanneen baay'ee barbaachisoo fi waqtaawaa ta'an qofa caqafamuusirriitti sakatta'ammuu/ qaacceffamuufi goolabni argannoowwan, ciminaa fi hanqinni isaanii gabaabbinaanibsamuu qabu.

### 2.9. Gabatee Yeroo fi Baajata Barbaachisu

Gumee Qorannoo Qorannoo, karoora tarreeffama hojiilee hojjatamuuf yaadamee, gabatee yeroo tokkoon tokkoo hojii itti-raawwatamu, akkasumas,

[2] [Akkaataan gucni gabatee Maddootaa fi Malli Sassaabbii Odeeffannoo itti-qophaa'u,

galteen/meeshaaleen akkamii, humna namaa fi baasiin/baajatni hangam akkabarbaachisukan agarsiisu abuura-ka'umsaa (ToR'ii) hammachuu qaba.[3]

### 2.10. Tooftaa Hojiira Oolmaa Bu'aa Qorannichaa

Gumeen Qorannoo tooftaa mijaawaa bu'aanQorannichaa fayyadamtootaaf dhaqqabamaa itti taasifama/tamsaasamu (waltajjiiwwan marii, Leenjii,Workshooppii, seminaara, maxxansaa fi kkf) muli'suu qaba.

### 2.11. Wixinee/Gurmaa'ina [Jalqabbii] Boqonnaalee ( Tentative Chapterization)

Xumura(yeroo qophii gabaasa) Qorannichaa irratti jijjiiramuu ykn fooyya'uu kandanda'u ta'ee, yeroodhaaf qofa kan tajaajilu, wal-duraa-duuba Boqonnaalee mata dureewwan gugurdaa fi xixiqqaa hammatamanii fi gurmaa'ina Qorannichaa kan agarsiisu, [Boqonnaa Lamaa-irraa kaasee hanga-Boqonnaa Dhumaa/Guduunffaaatti] dhimmootni jiran tarreeffamuu qabu.

### 2.12. Wixinee/Tarreeffama [Jalqabbii]Barreeffamoota Waabiilee (Tentative Bibliiograhy)

Xumura (yeroo qophii gabaasa) Qorannichaa irratti jijjiiramuu ykn fooyya'uu kan danda'u ta'ee, yeroodhaaf qofa kan tajaajilu, barreeffamootni waabiilee mata-duree Qorannichaa waliin walitti dhufeenya qabanii fi itti-gargaaramuufyaadaman, sirna caqafama maddootaa Maanuwaalii kana, Kutaa Lama, Boqonnaa Lama/Afur keessatti haala ibsameen,wal-duraa-duubaan haala armaan gadiitiin tarreeffamuu qabu:

a) Kitaabotaa fi Joornaalota
b) Seerotaa fi Sanadoota
c) Murtiilee Manneen Murtii fi
d) Maddoota Biroo

## 17. Sirna Madaallii Gumeewwan Qorannoo

[3] Akkaataan karoorri raawwii hojiilee gabateen yeroo itti-qophaa'u, Unkaa-005 irratti, Maanuwaalii kanaan walqabatee jira]

**1.** Adeemsichi, Gumeewwan Qorannoo madaaluu fi sadarkeessuuf ulaagaalee armaan gaditti tarreeffaman hojiirra ni oolcha;

a) Haala Mata-duree/Dhimma Qorannichaa

i. walsimannaa Kaayyoo fi Kallattii Maanuwaalii kana, Keewwata (6) jalatti ibsaman waliin qabu;

ii. Dhimmoota haala addaatiin bu'uura fedhii/kallattii/Biirichaatiin dhiyaatan;

iii. Dhimmoota /imaammataa/tarsiimoowaa ta'an/waqataawaa fi dursi kennamuuf irratti xiyyeeffatan;

b) Sadarkaa barbaachisummaa Qorannichaa/dhimmichaa[Justification]

c) Sadarkaa faayda-qabeessummaa/bu'aa Qorannichaa[Significance]

d) Malaa fi Moodeela Qorannoo hojiirra oolchu;

e) Raawwatamummaa Qorannichaa [Feasibility/ Effectiveness/]

f) Haala hojiirra oolmaa bu'aa Qorannichaa[Practicability]

g) Wal-madaallii baasii/baajata gaafatuu fi bu'aa argamsiisu

h) sadarkaa Qulqullina Qophii/Qabiyyee Pirooppoozaalichaa

i) Kutaalee fi mata-dureewwan barbaachisoo ta'an guutummaa fi qulqullinaan hammachuu isaa

j) Madda baajataa: baajata idilee/Biirichaa/ ykn fandii arjoomtota alaa irraa argame ta'uusaa

k) Gahumsa ogummaa/dandeettii fi koornayaa Qoratichaa, bara tajaajilaa fi muuxannoo hojii Qorannoo

l) Ulaagaa biroo Biirichaan/Adeemsichaan dabalamu

2. Koreen Madaaaallii, tokkoon tokkoo ulaagaalee Keewwata kana, keewwata xiqqaa(15.1) jalatti tarreeffamaniif, akkaatuma ulfina isaaniitiin gatii qabxii (1) hang (5) jiru kennuudhaan, bu'uura Guca Gabatee Madaallii Gumee Qorannooa Maanuwaalii kanaan walqabatee jiruun, Gumee Qorannoo dhiyaatan ni madaala.

**18. Haala Gumeen Qorannoo Fudhatama Itti-Argatu**

1. Gumee Qorannoon tokko jijjiirama malee akkuma jirutti ykn yaada fooyya'iinsaa/jijjiiramaa waliin fudhatama argachuu ni danda'a;

2. Koreen Madaaaallii, hojii gamaaggama Gumeewwan Qorannooa akkuma xumureen, gabaasa gamaaggamaa Adeemsichaaf dhiyeessuu qaba;

3. Gabaasni gamaaggamichaa, gosa/haala jijjiiramni itti taasifamuu qabuu fi sababa barbaachiseef, akkasumas, daangaa yeroo jijjiiramni taasifamee galii itti ta'uu qabu ibsuu qaba;
4. Koppiin yaada fooyya'iinsaa Koree Madaaaallii, Qorataa kaadhimamaatiif ni kennama.

**19. Gumeewwan Qorannoo Sadarkeessuu**

1. Koreen Madaaaallii ulaagaalee madaallii bu'uura Maanuwaalii kana, Keewwata (15) jalatti tarreeffamaniin irratti hundaa'uudhaan, Gumeewwan Qorannoo fudhatama argatanii filataman ni sadarkeessa;
2. Sadarkaan Gumeewwan Qorannooa bu'uuraKeewwata kana, keewwata xiqqaa (1)n Koree Madaaaalliitiin kenname, Adeemsichaaf/ Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

**20. Haala Gumeen Qorannoo Kufaa Itti-Taasifamu**

Gumeen Qorannoo kamiyyuu:

1. Mata dureen filatamee fi/ykn qabiyyeen isaa ulaagaa barbaadamuu fi sadarkaa eegamu kan hin guutne; ykn
2. Mata dureen filatamee armaan dura kan irratti hojjatame fi/ykn haarummaa kan hin qabne; ykn
3. Gochaa aad-malee fudhannaa yaadaatiin raawwatameen kan dhiyaate

ta'uun isaa Garee Gulaalliitiin yoo mirkanaa'e kufaa ni taasifama.

**21. Bu'aa Kufaa Taasifamuu**

1. Gumeen Qorannoo kamiyyuu, bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) fi/ykn (2)n sababa tumameen kufaa yoo taasime, haala mata-dureen itti-fooyya'u fi/ykn ulaagaa guutamuu qabu ilaalchisee qajeelfama Gaggeessan Adeemsichaa kennuun Qorataan kaadhimamaan Gumee Qorannoo irra-deebiidhaan fooyyessee akka dhiyeeffatu ni taasifama;
2. Gumeen Qorannoo kan kuffifame bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3)n sababa ibsameen yoo ta'e, Gaggeessan Adeemsichaa Qorataa kaadhimamaa irratti tarkaanfiin naamusaa sirnummaa qabu akka fudhatamu ni taasisa

**22. Garee Gulaallii Gumeewwan Qorannoo**

   1. **Gurmaa'ina**

Gareen Gulaallii miseensota 3 hanga 5, Gaggeessaa Adeemsichaatiin kaadhimamanii, Hoogganaa Biirootiin muudaman qabu ni gurmaa'a.

**2. Gahee Hojii Garee Gulaallii**

Gareen Gulaallii ulaagaalee Maanuwaalii kanaan tumaman irratti hundaa'uudhaan:

1. Gumeewwn Qorannoo dhiyaatan madaaluun kanneen fudhatama argatan ykn kufaa taasifamman ilaalchisee yaada murtii dhiyeessu
2. Barreeffamoota Qorannoo ni gamaaggama;yaada ni kenna;sirnaan gulaalamuun sirratanii yoo dhiyaatan qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
3. Barreeffamni Qorannoo tokko gaafa dhiyaateef irraa eegalee guyyaa hojii 10 keessatti barreeffamicha gamaaggamee dhimmoota sirrachuu qaban adda baasuun yaada isaa itti dabalee barreeffamicha qo'ataaf ni deebisa;
4. Barreeffamni Qorannoo bu'uura keewwata kana lakkoofsa xiqqaa(2)tiin akkaataa yaada kennameetiin sirratee dhiyaachuu isaa ni mirkaneeffata;Sirreeffama dabalataa kan hin barbaachifne ta'uu yoo mirkaneeffate guyyaa hojii 5 keessatti karaa Abbaa Adeemsaatiin Maanejimeentiif dhiyaatee yaadni akka irratti kennamu ni taasisa;
5. Maanejimeentiin dhimmootni sirratuu qaban jiru jedhe yoo jiraatan guyyaa 5 keessatti sirreeffamni akka taasifamu qo'atatti akka deebi'u ni taasisa;
6. Qo'atichi guyyaa murtaa'e keessatti sirreeffama taasisuu isaa ni mirkaneeffata; Qorannoowwan akkaataa yaada kennameetiin sirratan maanejimeentiif dhiyaatanii akka mirkanaa'an ni taasisa; hojiirra oolmaa(maxxansa,leenjii irratti akka kennamu gochuu)haalli akka mijaa'u ni taasisa.

**Boqonnaa-Sadii**

**Sina Caqafama Maddoota Odeeffannoo**

*[Sources of Information & Rules of Citation]*

**23. Sirna Maddootni Odeeffannoo ittiin ibsaman**

1. Qo'ataan kamiiyyuu kallattiinis ta'ee al-kallattiin hojii nama biraa akka maddaatti Qorannoo isaa keessatti itti fayyadameera yoo ta'e, madda itti fayyadame sana sirna maddoota odeeffannoo sirriita'e caqasuu qaba.

2. Yaadni **kitaaba** keessaa yemmuu fudhatamu yaadannoon **miiljalee** tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Maqaa qopheessichaa (~otaa);
   (b) Mata-dureekitaabichaa Maqaa barreessaa (~otaa) irraa tuqlameen**(:)** adda bahee haala barreeffama *'italics'*tiin barreessuu;
   (c) Bakka kitaabichi itti maxxanfame, Maqaa maxxansaa fi Bara maxxansaa cuftuu **( )**keessatti barreessuu;
   (d) Fuula yaadni irraa fudhatame barreessuun tuqaa(.)dhaan cufuu,
   (e) Qopheessitootni afurii fi isaa ol yoo ta'an Maqaa qopheessaa duraa fi kanneen biroo (etal) kan jedhu itt aansuudhaan armaan olitti (a-d) kanneen jiran caqasuu.
3. Yaadni**barruulee** akkaadaamii (acadamic journals/periodicals)irraa fudhatamu tartiiba armaan gadiitiin ibsamuu qaba:
   (a) Maqaa Qopheessaa;
   (b) Mata-dureen barreeffamichaa mallattoo waraabbii dachaa keessa (" ");
   (c) Maqaa barruulee "*italics*" dhaan Unka, Lakkoofsa, Yeroo maxxansaa (ji'aa fi bara), fuula yaadni irraa fudhatame ni barreeffama.
4. Yaadni **gaazexootaa** fi barruulee biroo irraa fudhatamu tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Maqaan qopheessaacaqasameera yoo ta'e ni barreeffama;
   (b) Mata-dureen barreeffamichaa mallattoo waraabbii(" ")keessa taa'a;
   (c) Maqaan gaazexaa/barruulee akkaataa barreeffama *'italics'*tiin barreeffama;
   (d) Guyyaa fi bara maxxansaa.
5. Yaadni toora **Interneetii** irraa fudhatame tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Maqaa barreessichaa/qopheessichaa (caqafameera yoo ta'e);
   (b) Mata-duree barreeffamichaa (Mallattoo waraabbii keessatti);
   (c) Maqaa addaa toora interneetichaa (Domain Name);
   (d) Yeroo yaadni itti fudhatame.
6. **Murtiin mana murtii** akka madda odeeffannootti kan tajaajile yoo ta'e, tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Murticha (Maqaa walfalmitootaatiin);
   (b) Lakkoofsa faayilii (Cuftuu keessatti);
   (c) Maqaa fi sadarkaa mana murtichaa;
   (d) Guyyaa murtiin itti kennamee fi lakkoofsa galmee (cuftuu keessa);

(e) Murticha bifa gabaasaatiin ykn haala birootiin kan maxxanfame yoo ta'e, Maqaan maxxansichaa haala barreeffama (***italics***) fi fuula murtichi irratti argamuun caqasama.

7. Maddi odeeffannoon irraa fudhatame **afgaaffii** yoo ta'e akkaataa tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Maqaa guutuu nama gaafatamee/tee;
   (b) Ogummaa ykn itti gaafatamummaa nama gaafatamee/tee;
   (c) Yeroo fi bakka afgaaffichi itti gaggeeffame.
8. **Seeronni** akka maddaatti yeroo tajaajilan mata-duree guutuu seerichaa, keewwanni/boqonnaan/kutaa fi kkf, maqaa gaazexaa seerichi itti bahee, baraa fi lakkoofsi tartiibaan caqafamuu qabu. Seerichi kan fooyya'e yoota'ee fi fooyya'iinsichi keewwata/kutaa/boqonnaa caqasame waliin qunnamtii kan qabaatu yoo ta'e jechi "**Akka fooyya'etti**"jedhu cuftuu keessatti, itti aansuudhaanis mata-duree guutuu fooyya'iinsa Seerichaa, Maqaa gaazexaa seerichi itti bahee, baraa fi lakkoofsi ibsamuu qaba.
9. Barreeffamootni ykn **Sanadootni hin maxxanfamin** akka madda odeeffannootti wayita tajaajilan maddichi tartiiba armaan gadiitiin caqasamuu qaba:
   (a) Maqaa barreessichaa/qopheessichaa;
   (b) Mata-dureen barreeffamichaa ykn Sanadichaa '***italics***'tiin;
   (c) Cuftuu( ) keessatti Guyyaa/Bara, jechi "**Kan hin maxxanfamne**" jedhuu fi bakka barreeffamichi ykn Sanadichi itti argamu;
   (d) Fuula yaadni irraa fudhatame.
10. Akkaataa barreeffama waabii gabaabaa:
   (a) Qorannoo Afaan Oromootiin barreeffamu maddi ammaan dura barreeffame jijjiirama tokko malee itti aanee yemmuu caqasamu jechi **"Zinnii kamaahu"** jedhamu ni eerama; jijjiiramni fuulaa yoo jiraate jechumti kunii fi fuulli odeeffannichi itti argamu ni caqafama. Maddi ammaan dura caqafame bakka biraatti dabalataan yemmuu caqasamu "**Yaadannoo miiljalee Lakk...... ilaalaa"** ibsa jedhuun kaa'amuu qaba;
   (b) Dogoggora hiikaa hambisuuf maddootni Afaan **Ingiliziitiin b**arreeffaman osoo hin hiikamin **akkuma jirutti** kan caqasamuu qaban yemmuu ta'u, bakki yaadni irraa fudhatame jecha Afaan Oromoo "**Fuula**" jedhuun caqafamuu qaba;
   (c) Haalli ibsa **maqoota Itoophiyaa** osoo hin gabaabatin Koorniyaa, Sadarkaa/Gulantaabarnootaa maxxantoota akeektuu osoo hin dabalatin maqaa

guutuu qofa barreessuudhaan raawwatamuu qaba; Yemmuu caqafamu maqaan guutuun eeramuu qaba; gabaabsuun barbaachisaa miti;

(d) Maddi kanaan dura Qorannoo Afaan Ingiliziin barreeffamuun caqafame osoo hin jijjiiramin itti aansee yemmuu caqafamu jecha **"Ibid"** jedhu, jijjiiramni fuulaa yemmuu jiraatu ammoo jechumti kunii fi fuulli odeeffannichi itti argamu kan caqasamu ta'ee, maddichi bakka biraatti yemmuu eeramu ammoo **(supra at footnote number---)** jedhamee caqasamuu qaba.

**Boqonnaa-Afur**

**Mala Barreeffamaa fi itti Fayyadama Waabii**

***24.*** **Boca Barreeffamaa*[Writning Style]***

1. Biirichi gabaasota Qorannoo/Qorannoo, Artikiloota, Gulaallii Kitaabilee fi barreeffamoota gaggabaaboo yemmuu maxxansiisu Artikiloota-Joornaaliitiif bali'ina sarara gidduu inchii 1.5 ta'uu qaba.
2. Haala teessuma ibsoota barreeffamaa fi Fakkiilee
   (a) Barreffamootni Foormaatii '**MS Word**'tiin qophaa'anii CD'dhaan bal'ina sarara gidduu inchii 1.5 fi roga afraniinuu 3cm keessa seenee waraqaa A4'dhaan barreeffamanii dhiyaachuu qabu;
   (b) Fakkiiwwan Sararaa, Suuraa, Chaartilee, Giraafiiwwan, Kaartaawwan fi kkf kutaa barreeffamaa duraa isaan agarsiisuun dhiyeenyatti taa'uu qaba;
   (c) Fakkiiwwan Gurraachaa fi Adii ykn akka barbaachisummaa isaatti bifa halluutiin maxxanfamanii dhiyaachuu danda'u;Barreeffamicha keessa bakki itti galan lakkoofsi addaa isaanii fi mata-dureen/maqaan isaanii sirriitti caqasamuu qaba;
   (d) Ibsitootni qulqullinaan kaafamanii tokkoo ol yoo ta'an lakkoofsi addaa kennameefii fi sirnaan ibsamanii haala waamuu fi baay'achuu danda'aniin dhiyaachuu qabu;

25. **Mata-duree/Maqaa ibsaa**

1. Mata-dureen/maqaan ibsaa, furtuun kaartaaykn ibsi kaartaa ibsituu fi gabaabaa ta'uu qaba;
2. Mata-durichi gabaabaa ta'ee (Afaan Ingiliziitiin yoo ta'e ammoo qub-guddeessaan) barreeffamee ibsituutti aanee/jalatti taa'uu qaba;

3. Sararri beekamtii kennu (Akeektuu gabaabduu madda ibsichaa) yoo jiraate mata-duricha ykn maqicha booda cuftuu keessatti barreeffamee tuqaadhaan goolabamuu qaba.

## 26. Gabateewwan

1. Gabateewwan lakkoofsi walitti aanu itti kennamuu fi barreeffamicha keessattis lakkoofsa isaaniitiin caqafamuu qabu. Lakkoofsii fi mata-dureen gabatee toora tokko irratti lakkoofsichi gara bitaatiin; lakkoofsichaa fi mata-duricha gidduutti bakka duwwaa dabalataa dhiisuudhaan taa'uu qabu;
2. Gabateewwanii fi fakkiileen mata-duree gabaabaa qabaachuu qabu. Yaadannoowwan miiljalee gabateewwan ibsanii fi maddootni gabateewwan jala taa'uu qabu;
3. Mata-durichi gabatee olitti kan taa'u ta'ee, jechoota ijoo gabaabinaan ibsuu qaba; ibsa ykn seensa kennuun hin barbaachisu.
4. Yaadannoowwan miiljalee gabateewwaniif barbaachisan tartiiba akkaataa armaan gadiitiin taa'uu qabu:
    (a) Yaadannoowwan maddaa;
    (b) Yaadannoowwan waliigalaa biroo;
    (c) Yaadannoowwan kutaalee/qabiyyee tarree gabatichaa irra jiran;
    (d) Yaadannoowwan iddattoo carraa.Yaadannoowwan miiljalee qaama gabatichaa jalatti gara bitaatti bahanii bal'ina sarara gidduu 2cmtiin barreeffamuu qabu.

## 27. Mata-dureewwan Gugurdoo fi Xixiqqoo

1. Mata-dureewwanii fi mata-dureewwan xixiqqaa barreeffamaa 1.1, 1.2,..tartiiba jedhuun kan barreeffamuu qaban ta'ee, mata-dureen barreeffamichaa wal-xaxaa yoo ta'een alatti mata-dureewwan xixiqqaa sadarkaa 3 ol ta'an hambisuun barbaachisaa dha.
2. Qorannichi kan barreeffamu Afaan Oromoo/ Ingiliziitiin yoo ta'e, jechootni jalqabaa mata-dureewwanii fi mata-dureewwan xixiqqaa hundaa qub-guddeessaan(Capital letter) barreeffamuu qaba.

## 28. Guyyootaa fi Lakkoofsota

1. Guyyaa fi barri wayita caqafamu akka lakkoofsa Awurooppaa ykn Itoophiyaa jedhamee adda bahuun lakkoofsi guyyichaa, maqaan baatii fi barri isaa barreeffamuu qaba.
2. Lakkoofsota caqasuun yemmuu barbaachisu haalaifaa fi gabaabaa ta'een ibsamuu qabu; **Fkn:** 25-28: 145-50.

3. Guyyichi baroota lama kan qabate yoo ta'e, lakkaawwiin isaa ibsamee (Fknf: 1890-1948) jedhamee barreeffamuu qaba.

**29. Waraabbiiwwan(Qoutations)**

Waraabbiiwwan kallattii jecha, qubee, mallattoowwan keessoo fi kkf madda/barreeffama jalqabaa isa sirrii akkuma jirutti fudhachuu qabu. Haata'u malee, bal'ina sarara baaqqeetiin barruun barreeffame gara dachaatti ykn faallaatti jijjiiramuu, mallattoo tuqaa isa dhumaa hambisuunykn mallattoo biraatiin/qoodduudhaan bakka buusuun, ykn dogoggorri ifa ta'e maxxansaa/barreeffama waliin wal-qabatu sirraa'uu ni danda'a.

**30. Waraabbiiwwan Dhedheeraa**

1. Waraabbiiwwan dhedheeraan (waraabbiiwwan sarara kudhanii ol ykn keewwata tokkoo ol ta'an) barreeffama guddaarraa adda ba'anii gidduu keessatti garlamaniin keessa seenanii hanga qubee(font size) barreeffama guddaarraa sadarkaa tokko gadi-bu'uun barreeffamuun mallattoo waraabbii malee barreeffamuu qabu. Waraabbiiwwan keessatti dogoggorri jechootaa, galumsaa fi fayyadamaa yoo jiraate jechicha maddiitti cuftuu keessatti gaalee "**Akkasitti barreeffamee ture**" jedhu galchuun ni danda'ama.
2. Waraabbiiwwan gabaaboon mallattoo waraabbii qeenxee keessatti taa'uu qabu.

**31. Akkaataa Barreeffama Qubee fi Jechoota Gabaajee**

1. Itti fayyadamni jechoota akkaataa barreeffama addaa addaa qaban barreeffama keessatti wal-fakkaatina qabaachuu qabu.
2. Gabaajeewwaan beekamoon (Fkn: FDRI) tuqaa malee barreeffamuu qabu.
3. Gabaajeewwan bal'inaan hin beekamne keessumattuu, dubbisaaf/barreessaaf akka tolutti hojiirra oolan barreeffamicha keessatti yeroo duraatiif yemmuu hojiirra oolanjechoota guutuutti aanuudhaan cuftuu keessatti caqasamuu qabu.

**32. AkkaataaYaadannoon Miiljalee itti Barreeffamu**

1. Barreeffamootni Qorannoo Biirichaan gaggeeffaman yaadannoowwan xumuraa caalaa yaadannoowwan miiljalee fayyadamuu qabu.
2. Yaadannoowwan miiljalee akka armaan gadiitiin barreeffamuu qabu:
3. Yaadannoowwan miiljalee barreeffamicha keessatti lakkoofsota ol siqanii walitti aananii barreeffamaniin caqasamuu qabu.

4. Lakkoofsota kanneenmallattoon (: , ; )kamiyyuu itti hin aanu.
5. Yaadannoon miiljalee fuula tokko irratti argamu yoo danda'ame miiljalee fuula sanaatti hanga qubee (font size) barreeffama guddaarraa hanga 3.5cm gadi bu'uun walitti qabamee barreeffamuu qaba.
6. Yaadannoowwan miiljalee gaggabaabaa fi kaayyoo qorataa/qo'ataatiif faayida-qabeessa ta'uu qabu.

**Boqonnaa-Shan**

***Gabaasa Qorannoo Qopheessuu, Dhiyeessuu fi Mirkaneessuu***

**Sirna Qophii fi Qabiyyee Gabaasa Qorannoo**

**33. Xumura Hojiilee Qorannoo**

1. Qorannoon tokko gaggeeffameera ykn xumurameera kan jedhamu, hojii guduunfaa Qorannichaa kan ta'ee,mata-duree filatame ykn rakkoo qoratame, maddaa fi mala qorannoo hojiirra oole dabalatee, haala ka'umsaa, adeemsaa fi bu'aa Qorannichaa kan agarsiisu, maalummaa, barbaachisummaa, kaayyoo, malootа qorannoo, argannoowwan, yaada furmaataa fi dhimmoota ijoo kkf biroos kan hammate, **Gabaasni** xumuraa ulaagaalee Boqonnaa kana jalatti tarreeffaman haala guutuunQoratichaan qophaa'ee, dhiyaatee Biirichaan yoo mirkanaa'e qofaa dha [qaama dhimmi ilaaluuf ykn fayyadamtootaaf] yoo dhiyaate qofaa dha;
2. Gabaasni Qorannoo haala armaan gadiitiin barreeffamuu qaba:
    a) Ragaalee qabatamoo irratti kan hundaa'ee fi miiraa fi fedhii dhuunfaa irraa kan walaboome;
    b) Jechoota "Ana", "Ani" ykn "Nuy" jedhaniin dhimma Qoratichaahaala ibsuun osoo hin taane, dhimma ykn rakkoo qoratame irratti xiyyeeffatee kan barreeffame;
    c) Haala ifaa ta'ee fi dubbistootaaf salphaatti hubatamuu danda'uun kan barreeffame.

34. Gurmaa'ina Qabiyyee Gabaasichaa

Gabaasni Qorannoo Gumee Qorannichaa irratti kan hundaa'ee fi ka'umsa, adeemsaa fi bu'aa Qorannichaa tarreeffamaan kan ibsu ta'ee, qabiyyeen isaa kutaalee gurguddoo armaan gadii hammachuu qaba.

*35.* DursitootaGabaasichaa[4] *[Preliminary Parts]*

Dursitootni fuula gabaasichaa
kanneen armaan gadii qabachuu qabu:

*1.* Qola Gubbaa Gabaasichaa:*[Cover Page]*

Qollii gubbaa gabaasichaa, waraqaa jajjabaa ykn pilaastika ifaa dabarsaatiin kan qophaa'ee fi qabxiileen armaan gadii kan irratti barreeffame ta'uu qab:

I. Asxaalee BMNO fi BHO;
II. Mata-Duree Qorannichaa;
III. Maqaa Qorataa;
IV. Maqaa Gulaalaa;
V. Maqaa mana hojichaa gabaasichi dhiyaatuuf (BHO);
VI. Ji'aa fi bara gabaasichi itti qopphaa'e/ dhiyaate.

*2.* Fuula Mata-Duree Qorannichaa*[Title Page]*

Fuulli mata-duree Qorannichaa qabxiilee armaan gadii hammachuu qaba:

I. Mata-Duree Qorannichaa;
II. Maqaa Qorataa;
III. Maqaa fi Mallattoo Miseensota Mirkaneessitoota Qorannichaa [Koree Manajimantii}

3. Kakuu*[Declaration]*

Qorataan kamiyyuu, kakuu armaan gadii galuun isaa fuula Kakuu irratti ibsamuu qaba:

*"Ani, Maqaa Fi Mallattoon Koo Armaan Gaditti Kan Ibsame, Hojiin Qorannoo Kun Hojii Haarawaa Dhuunfaa [kalaqa sammuu] Kootii Ta'uusaa, Armaan Dura Guutummaanis Ta'e Gar-Tokkeen Biiroo Kanattis Ta'e Bakka Biraatitti, Nama Biroo Kamiiniyyuu Kan Hin Hojjatamin; Akkasumas, Maddootni Odeeffannoo Qorannoo Kanaaf Itti-Gargaarame Hundi*

[4] *Dursitoota fuula gabaasichaa irratti lakkoofsi fuulaa homaatuu irratti barreeffamuu hin qabu*

*Sirnaan Kan Caqafamanii Fi Beekamtiin Kan Kennameef Ta'uusaa Jecha Kakuu Kiyyaan Nan Mirkaneessa!"*

**4. Galata**

Qaamota [namootaa fi dhaabbilee] milkaa'ina Qorannichaatiif deeggarsa olaanaa taasisanwal-duraa-duuba ulfina gumaacha isaaniitiin galateeffamuu qabu;

**5. Baafata**[5]

Baafata gabaasichaa keessatti,gurmaa'ina boqonnaalee fi mata dureewwan gugurdoo fi xixiqqoogabaasichaanhammataman, wal-duraa-duuba fuula itti argama isaaniiwaliin haala agarsiisuuntarreedhaan qophaa'uu fi dhiyaachuu qabu.

Baafanni, Qorannicha keessatti dhimmoota hammataman kan agarsiisuu fi Qorannicha hunda dubbisuun osoo hin barbaachifne, baafata qofa ilaaluun qabiyyee Qorannichaa salphatti hubachuu, akkasumas dhimmoota Qorannichaan hammataman keessaa kan barbaadame qofa dubbisuu haala dandeessisuun tarree matadureewwanii fuula itti-argama isaanii waliin haala agarsiisuun qophaa'uu qaba.

***6.* Yaad-Cuunfaa *(Abstract)***

Gabaasni Qorannoo Biirichaan gaggeeffame kamiyyuu:

1. Yaad-cuunfaa qabiyyee Qorannichaa gabaabbinnaan ibsu qabachuu qba;
2. Yaadni cuunfaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa(18.1.6.1)n dhiyaatu:
   - Maalummaa rakkoo/dhimma qoratamee, barbaachisummaa fi kaayyoo Qorannichaa, mala Qorannoo hojiirra oole, bu'aawwan gurguddoo argaman, yaada guduunfaa fi furmaata kenname gabaabbinnaan kan ibsu ta'uu qaba;
   - Jechoota 150 hin caalleen kan ibsamee fi jechoota ijoo ta'an 5 hin caalle kan hammate ta'uu qaba.

**7. Tarreeffama Gabateewwanii fi Ibsitoota Fakkiiwwanii**

1. Tarreeffamni:

[5] [**fuulli 18.2. hanga 18.2.2. jiru lakkoofsa Roomaatiin barreeffamuu qaba**]

- dhimmoota mana murtiitiin ilaalamanii fi Qorannicha keessatti hojiirra oolanii;
- Seerota Qorannicha keessatti hojiirra oolanii;

2. FurtuunJechoota Gabaajeewwanii fi Kottoonfattootaa,

wal-duraa-duuba fuula itti argama isaaniitiin tarreedhaan dhiyaachuu qabu.

*36.* **Qaama Ijoo Qorannichaa**[6] *[Main Body]*

Kutaa ijoo Gabaasichaa keessatti:

1. **Mata- Dureen Qorannichaa** (Dursitootta Gabaasichaatti aanee, fuula haaraairratti)of-danda'ekan barreeffamu ta'ee; fuula itti-aanu irraa eegalee,mata-dureewwan armaan gadii bal'inaan ibsamanii dhiyaachuu qabu:
2. **Seensa Waliigalaa**[7]

Kutaa kana jalatti, qabiyyee fi gurmaa'inni Gumee QorannooMaanuwaalii kana, keewwata (13.1) jalatti ibsamee fi mata-dureewwanGumee Qorannoo keessatti hammataman hundi wal-duraa-duubni isaanii akkuma eegameenhaala armaan gadiitiin [Boqonnaa Tokko jalatti] dhiyaachuu qabu:

1. Duubesaa Dhimmichaa
2. Hima rakkoo
3. Barbaachisummaa Qorannichaa
4. Faayda-Qabeessummaa Qorannichaa
5. Gaaffilee Qorannoo
6. Kaayyoo Qorannoo
   i. Kaayyoo Gooroo
   ii. Kaayyoo Gooree
7. Daangaa/UwwisaQorannichaa
8. Daangeeffama/Hudhaalee Qorannichaa

3. **Gurmaa'ina Qorannichaa**

Kutaa kana jalatti, [Boqonnaa Lamaa-irraa kaasee hanga-Boqonnaa Dhumaa/Guduunffaaatti] wal-duraa-duuba Boqonnaalee mata dureewwan

[6] **[Fuulli Kutaa ijoo Gabaasichaa, lakkoofsa Arabaatiin barreeffamuu qaba]**
[7] **Seensi Waliiigalaa "Boqonnaa Tokko" jalatti] dhiyaachuu qaba**

gugurdaa fi xixiqqaa hammatamanii fi qabiyyee fi gurmaa'ina Qorannichaa haala agarsiisuun ibsamuu qaba.

**37. Xiinxala Barreeffamoota Qorannichaan Walitti-Dhufeenya Qbanii[8]**

Kutaa kana jalatti:

1. Mata-duree Qorannichaa irratti hubannoo waliigalaa kennuu kan danda'an, barreeffamootni armaan dura dhimmicha irratti qophaa'an, qorannoowwan mata-duricha irratti gaggeeffamanii fi argannoowwan ijoo ta'an, ciminaa fi hanqina/hir'inaqaban/isaanii waliin, cuunfamanii, akkasumas,
2. *Hiikkoo Jechootaa fi Yaad-Rimeewwanii*

   Hiikkoo fi furtuun jechootaa, gaaleewwanii fi gabaajeewwan, Qorannicha keessatti hojiira oolan, akkaataa itti fayyadama isaaniitiin[Boqonnaa Lama Jalatti] dhiyaachuu qabu.

**38. Malaa fi Tooftaa Qorannichaa[*Boqonnaa Sadii*]**

Kutaa kana jalatti:

a) Maddootni Odeeffannoo

b) Malli sassaabbii Odeeffannoo

c) Meeshaaleen sassaabbii Odeeffannoo

Hojiirra oolanii tarreeffamanii dhiyaachuu qabu;

d) HaalliGurmaa'inaa fi Qindoomina Odeeffannoo

Odeeffannoo sassaabame, jechaan/qubeedhaan qofa osoo hin taane, hanga danda'ametti,cuunfamanii, bifa gabateewwanii fi ibsitoota fakkiiwwaniitiiin wal-keessa makamanii gurmaa'uu fi qindaa'uu qabu.

***39.* Xiinxalaa fi Argannoowwan [Analysis & Findings/Interpritation]*[Boqonnaa Afur]***

Kutaa kana jalatti:

*I.* Argannoowwan*[Findings]*

Tokkoon tokkoo odeeffannoon jechaan, bifa gabateewwanii fi ibsitoota fakkiiwwaniitiiin gurmaa'anii qindaa'an bu'uura gaaffiilee ijoo Qorannichaatiin erga xiinxalamaniin booda, (maalummaa, qabataa fi taatee rakkichaa ilaalchisee/ fi madda/ka'umsa/sababa isaatiin miidhaan dhaqqabaa jiru [Qorannichaan addaan ba'uun/ mirakaa'uu dandauun

[8] **Mata-Dureen kun Qorannoowwan Safaramoo (Quantitative Research) qofaaf kan hojiirra oolu ta'a.**

isaa/argannoowwan gurguddoo ta'an haala salphaatti hubatamuu danda'aniin tarreedhaan dhiyaachuu qabu.

Tokkoon tokkoo argannoowwaniif ibsi gahaan kennamuu qaba

2. Gumeessaa/Yaada Xumuraa *[Summary]*

Yaada ka'usaa, adeemsaa fi bu'aa Qorannichaa ilaalchisee, argannoowwan gurguddoo Qorannicha, gaggabaabsuun, haala ifaa ta'een dhiyeessuu;

Bu'aawwanii fi argannoowwan Qorannichaa irratti hundaa'uun, gaaffiilee ijoo Qorannichaa waliin wal-biratti madaaluun, gumaachi Qorannichi rakkoo hiikuu fi/ykn beekumsa haaraa ykn hubannoo dabalataa argamsiisuuf qabu ibsamuu qaba.

**40. Guduunfaa fi Yaada Furmaataa [*Boqonnaa Shan*]**

*1.* Guduunfaa/Yaada Dhuunfaa Qoratichaa *[Conclusion]*

Guduunfaan, bu'aawwanii fi argannoowwan Qorannichaa irratti hundaa'uun, gaaffiilee ijoo Qorannichaa waliin wal-biratti madaaluun, yaada dhuunfaa [hiikkoo] Qoratichaan kennamuu dha/yoo ta'u;

Kutaa kana keessatti, Qoratichi:

- Argannoowwan Qorannichaa, yaada ka'umsaa Qorannichaawaliin wal-biratti madaaluun, ciminaa fi dadhabbina/hanqina Qorannichaa agarsiisuu;
- Argannoowwan Qorannichaa rakkoolee hojimmaataa/qabatamaa hiikuun fi/ykn beekumsa haaraa ykn hubannoo dabalataa argamsiisuun gumaacha qaban mul'isuu;
- Argannoowwan Qorannichaa kan hojiirra ooluu danda'an ta'uu isaanii hubachhiisuu;
- Qoranniichi qorannoowwan dabalataa/itti-fufiinsaa gaggeessuuf kan dandeessisu ta'uu isaa ibsuu fi dhimmoota kkf haala ifaa ta'een gaggabaabsee dhyeessuu qaba

2. Yaada Furmaataa*[Recommendations]*

Kutaa kana jalatti:

- Rakkoolee Qorannichaan adda ba'anii fi dhimmoota fala ta'uu danda'an ykn tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban ilaalchisee yaadni furmaataa qabatamaan hojiirra ooluu danda'u kennamuu qaba;
- Yaadni furmaattaa bu'uura….tiin dhiyaatu:

- Yaada hammata seeraa haaraa burqisiisuu ykn buleeyyii fooyyessuu;
- Caasaa dhaabbatummaa haaraa gurmeessuuykn buleeyyii fooyyessuu;
- Hojimaata haaraa diriirsuu ykn hojiiirra oolmaa buleeyyii fooyyessuu;
- Humna namaa gahumsa qabuu fi gahaa ta'e horachuu ykn leenjisuu; fi

Kkf hammachuu ni danda'a

- Yaadni furmaataa bu'uura keewwata kana, keeewwwata-xiqqaa ()n kennamu kamiyyuu, hanga danda'amettifilannoowwan tokkoo ol kan qabu ta'ee,
  - xiinxalaa fi wal-madaalliifaaydaa/ciminaa fi hanqina tokkoon tokkoo filannichaaagarsiisu waliin,
  - filannoo hunda-irra-caalaa filatamaa ta'e, sababa filatamaa ta'eef waliin,
  - yaadni furmaataa filatamoo ta'e, yeroo hojiirra ooluu hudhaalee/sodaalee mudachuu danda'anii fi tarkaaanfiiwwan fudhattamuu qaban waliin,

  haala gabaabaa, ifaa fi raawwiidhaaf tolaa ta'een dhiyaachuu qaba.

### *41.* Dhimmoota Dhumaa[9] *[End Matters]*

Kutaan dhumaa gabaasichaadhimmootaarmaan gadii qabachuu qaba:

I. TarreeffamommtaWaabiilee/Maddoota Odeeffannoo

1) Gabatee Seerotaa
2) Gabatee Kitaabotaa
3) Gabatee Barruulee
4) GabateeGalmeewwan Dhimmoota Murtaa'an/Mana Murtii;
5) GabateeGabaasota/Barreeffamoota Qorannoo walitti-dhufeenya qabanii

[9] ***fuulli kutaa dhumaa gabaasichaa lakkoofsa Roomaatiin barreeffamuu qaba***

6) Gabatee Sanadoota dhuunfaa
7) Gabatee Galmeewwanii fi Maddoota Biroo

2. Indeeksii(Index);
3. Miiltoowwan/Maxxantoota[10][Odeeffannoo dabalataa (Annexes), Koppiiwwwan:
    1) UnkaaleeTarreeffama Gabateewwanii[giraafotaa fi fakkiiwwanii];
    2) Unkaalee Gucootaa;
    3) Unkaalee Af-Gaaffii fi Bar-Gaaffii;
    4) Xalayootaa fi sanadootaadda-addaa

Odeeffannoo walitti qabuuf hojiirra oolan dhuma gabaasicha irratti miilteeffamanii dhiyaachuu qabu

4. Wixinee Duraa Gabaasichaa Dhiyeessuu
    1) Qorataan kamiyyuu, hojii qorannichaa akkuma xummureen wixineen duraa gabaasichaa Adeemsichatti dhiyeessuu qaba;
    2) Adeemsichi, wixinee duraa bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1)n dhiyaateef, Garee Gulaalliitiin akka gulaalamu ni taasisa; bu'uura/akkaataa Maanuwaalii kana, keewwata (20)n tumameen
5. Wixinee Dhumaa Gabaasichaa Dhiyeessuu fi Mirkaneessuu
    1) Qoratichi akkaataa bu'aa guulaallii Garichaan kennameen gabaasicha fooyyessee qopheessuun wixinee dhumaa Adeemsichatti dhiyeessuu qaba;
    2) Wixineen dhumaa bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1)nqophaa'ee Adeemsichaan fudhatama argate kamiyyuu, Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba;
    3) Koreen Manajimantii Biirichaa barbaachisaa ta'ee yoo argame, gabaasichi waltajjii marii dhimmamtootaa/fayyadamtootaatiif dhiyaatee akka irratti mari'atamuu fi qeeqamu taasisuu ni danda'a;
    4) Qoratichi yaada dabalataa fi qeeqa waltajjichaan kenname irratti hundaa'uudhaan gabaasichagabbisee/fooyyessee qopheessuu qaba;

[10] **Unkaalee kanneeniif lakkoofsi "001" irraa eegalee kennamuufii ni danda'a**

5) Wixineen dhumaa bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (4)nfooyya'ee Adeemsichaan fudhatama argate kamiyyuu, Koree Manajimantii Biirichaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

**42. Sirna Bu'aan Qorannoo Hojiirra Itti-oolu Diriirsuu**

1. KaayyoonQorannooykn qarannoo gaggeessuu rakkoo hojmaataa ykn seeraa ykn kan biroo biyya , naannoo ykn mana hojii mootummaa tokko mudate hiikuuf yaada furmaataa kaa'uuwaan ta'eef, Biirichi bu'aan Qorannoofayyadamtootaaf dhaqqabamaa akka ta'u tooftaalee armaan gadii kandiriirsu ta'a:
   a) (waltajjiiwwan marii, Leenjii,Workshooppii, seminaara, maxxansaa fi kkf)Leenjii qopheessuunogeessota Ogeessota Waajjiraalee haqaa fi dhimmamtoota afeeruun bu'aa Qorannichaa hubachiisuu;
   b) Bu'aa Qorannoo ykn Qorannoo maxxansuu;
   c) Midiiyaa fi "web site" fayyadamuun qaamoni kamiyyuu odeeffannoo waa'e bu'aa Qorannoo fi qarannoo akka argatu gochuu;
   d) Qorannichi rakkoo seeraa kan agarsiisu yoo ta'e haallii seerasana fooyyessiisuu yoo jiraate mootummaaf yaada dhiyessuu.
2. Bu'aan Qorannoo bifa Leenjiitiin diriirfamu waggaatti si'a tokko yommuu ta'u innis ji'a Caamsaa keessa raawwatama. Dhummarratti yaada ogeessotni leenjiiirratti kennaniin gabbatuun akka haala isaatti yaadota ka'an itti dabaluun xumuura Qorannoo ykn Qorannooni raawwatama.

**43. Ulaagaa Madaalliifi*Maxxansa Bu'aalee Qorannoo**

Bu'aalee Qorannoowwanii keessaa kanneen ulaagaalee armaan gaditti tarreeffamaniin madaalamanii caalmaa argatanii filataman akka maxxanfaman ni taasifama:

a) Qorannoon dhiyaate rakkoo jira jedhame furuuf ga'umsa qabaachu isaa (% __)

b) Mata dureen qorannichaa fi qabiyyeen isaa kan wal sima ta'u isaa (%__)

c) Qulqullina afaanii yaa'iinsa yaada fi gurma'ina Qorannichaa (%___)

d) Qajeelfamoota bu'uraa sirna qorannaa hordofuu isaa (%__)

e) Waabiilee Qorannichaaf ga'a ta'e fayyadamu isaa (%__)

**44. Mirga Biiroon Qorannoowwan irraa qabaatu**

Seerri dhimmicha ilaallatu akkuma eegametti ta'ee, fi/ykn tokkoon tokkoo waliigalteewwan Qorannichaa keessatti ifatti adda ba'ee haala biraatiin yoo murtaa'ee/ibsame/tumame malee,

1. Biirichi argannoowwan Qorannoo seeraa bu'uura Maanuwaalii kanaan gaggeeffame kamiyyuu irratti mirga abbummaa qabwwnyaa kalaqii sammuu guutuu qaba
   [Biirichi Qorannoowwan ofii isaatii gaggeesse irratti mirga abbummaa guutuu qaba.Qorannichi xumuramee maxxansaaf yookiin kaayyoo barbaadameef yemmuu oolu abbaa fi fayyadamaan Qorannichaa Biiroo dha;]
2. Qorannoowwan manneen hojii biroo waliin abboomuun hojjataman ilaalchisee qo'ataan Qorannichi mana hojii biroo waliin ta'uun kanhojjatame ta'uu ibsuu qaba.Mirgi abbummaa Qorannoowwan akkanaa waliin walqabatan waliigaltee manneen hojii sana waliin taasifamuun kan murtaa'u ta'a.
3. Mirga abbummaa qabaachuu baatanis, [abbaa qabeenyaa kalaqii sammuutiif galata beekamtii kennuudhaan] maqaan Biirichaa, maqaan namoota Qorannoo irratti hirmaatanii fi sadarkaan hirmaannaa isaanii qo'annicha keessatti caqafamuu qaba.

## KUTA SADI

## *SIRNA BULCHIINSA HOJIIWWAN QORANNOO*

### Boqonnaa-Lama

### Naamusa Qorattootaafi Itti gaafatamummaa Adeemsichaa

**45. Qajeeltoowwan Naamusa HojiiQorannoo Eeguu fi Kabajuu**

QorataanQorannoo gaggeessu kamiiyyuu itti gaafatamummaan seerota birootiin qabu akkuma eegametti ta'ee,, qajeeltoowwan hojii armaan gadii kabajuun irraa eegama:

1. Qorannoo fi Qorannoowwan gaggeessu yeroodhaan xumuruuf hanga danda'amuun humna isaa cuunfee hojjachuu;
2. Qorannoo/Qorannoo hojjachaa jiru sadarkaa irra gahee fi rakkoolee muudatan ilaalchisee yeroodhaan qaama dhimmi ilaaluuf gabaasa dhiyeessuu;

3. Daataa/odeeffannoowwan harka isaatti argaman sirnaan akka qabamanii fi wayita barbaadaman hojiirra akka oolaniif qaama dhimmi ilaaluuf kennuu;
4. Qorannoo yemmuu xumuramu gamaaggama koree gulaalliitiif akka dhiyaatu gochuu;
5. Yaadota gamaaggama koree gulaalliitiin kennaman bu'uura godhachuudhaan yeroodhaan sirreeffama barbaachisu taasisuun galii gochuu;
6. Sababa kamiiniiyyuu Qorannoo jalqabame yoo addaan kutu, qo'annicha itti fufsiisuu akka danda'amuuf daataawwan walitti qabamanii fi hojiiwwan hanga addaan citetti hojjatamana dabarsee kennuuf dirqama qaba;
7. Haala maqaa mana hojichaa eegsisee fi fuula duraaf Qorannoo gaggeessuuf carraa hin hir'ifneen Qorannoo gaggeessuu;
8. Qabiyyee odeeffannoo amanamummaa Qorannichaa dodongorsan yookiin faallessan,daataa qaamni odeeffannoo kennu hin kennine dhiyeessuu fi gochoota kana fakkaatan raawwachuu yookiin Qorannoo seera qabeessa hin taane kamiiyyuu gaggeessuu hin qabu;
9. Daataa yookiin Qorannoosadarkaa wixinee irra jiru;isa yookiin qo'ataa biraa harkatti argamu, akkasumas manaajimeentiin kan mirkanaa'u ta'ee garuu Qorannoo hin mirkanoofne Hoogganaan Biiroo osoo hin hayyamne haala kamiiniiyyuu nama biraatiif ibsuu yookiin dabarsee kennuu hin qabu.
10. Daataa/odeeffannoo manni hojichaa walitti qabe faayidaa dhuunfaatii oolchuu hin qabu.Haata'u malee mana hojichaa irraa hayyama yoo argate sirna qabannaa fi eegumsa daataa osoo hin sarbine daaticha itti fayyadamuu ni danda'a.

## 46. Naamusa Sassaabbii OdeeffannooKabajuu

1. Qo'attoonni afgaaffii, bargaaffii ykn karaa kamiiniiyyuu daataa yeroo walitti qaban odeeffannoo/deebii kennitoonni hayyamamaa ta'uu isaanii mirkaneeffachuu qabu.Daa'imman ykn namoonni sammuun dhukkubu odeeffannoo akka kennan kan barbaadame yoo ta'e abbaa/haadha ykn guddiftoota hayyamsiisuu qabu.
2. Qo'ataan ykn qindeessaan garee Qorannoo beekumsaa fi sadarkaa barumsaa odeeffannoo kennitootaa ilaalcha keessa galchuun kaayyoo Qorannichaa ibsuu qaba;
3. Qo'ataan odeeffannoo kennitoota hunda walqixa ilaaluun kessummeessuu qaba;

4. Qo’ataan wayita odeeffannoo walitti qabus ta’ee Qorannoo gaggeessu hojichi hirmaannaa korniyaa kan eegee fi dameehawaasaa hunda kan hirmaachise ta’uu mirkaneeffachuu qaba.

## 47. Icciitummaa Eeguu

1. Qo’ataan icciitummaa odeeffannoo isaa kennamuu eeguu kan qabu ta’ee, haala kanas akka beehaniif odeeffannoo kennitoota hubachiisuu qaba;
2. Eenyummaa,haala jireenyaa,humna qabeenyaa, madda galii , dhimmoota maatii fi fayyummaa fi kkf.ilaallatanii fi odooffannoowwan eenyummaa nama dhuunfaa waliin walitti hidhamiinsa qabanicciitummaan isaanii eegamuu qaba;
3. Eenyummaan isaanii ifa akka ta’u yoo hayyaman malee, eenyummaan odeeffannoo kennitootaa ibsamuus ta’ee Qorannichi haala eenyummaan isaanii beekuun danda’amuun dhiyaachuu yookiin maxxanfamuu hin qabu;
4. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa(2)jalatti ibsame akkuma eegametti ta’ee,qo’ataan hayyama odeeffannoo kennitootaa irratti hundaa’uudhaan Qorannichaan walitti dhufeenya qabaachuu isaanii qofaafodeeffannoowwan eenyummaanama dhuunfaa waliin walitti hidhamiinsa qaban mirgi qaama 3ffaa osoo hin tuqamne ifa gochuun ni danda’ama.

## 48. Itti gaafatamummaa[Gaggeessaa] Adeemsichaa

Qorannoo fi Qorannoo ilaalchisee gaggeessaan Adaamsaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1. yeroo qorannochi adeemsifamaa jirutti hordoffii ni gaggeessa, deeggarsa barbaachisu ni kenna.
2. Hoogganaa hubachiisuun kaffaltii Qorannichaaf barbaachisuni ajaja.
3. Qorannoon ykn Qorannoo yeroo kaa’ame keessatti raawwatamuu isaa ni mirkaneeffata.

## 49. Ragaa Qorannoo Qabachuu

Ragaan Qorannoo fi Qorannoo qindaa’ee qabamuun isaa faayidaalee hedduu qaba. Kanneen keessaas: sadarkaa Qorannoo fi Qorannoonnichi irra jiruu fi hojiirra oolmaa Qorannichaa hordofuu,ragaa guddina qo’attootaa/qorattootaa ta’uu fa’a. Kanaaf, gaggeessa Qorannoo fi Qorannoo hoogggansa Biiroo keenyaatiin gaggeeffamu ilaalchisee kanneen armaan gadii galmaa’anii taa’uu qabu.

1. Rakkoowwanwaggaa waggaan gama Biirichaatiin adda ba’an galmee dhaabbataatti galmaa’anii taa’uu qabu.
2. Piropoosaalli Qorannoo fi Qorannoo dhiyaate ,

- ✓ kan mirkanaa'e
- ✓ kan hin mirkanoofne
- ✓ Rakkoo qoratamuuf barbaadamee fi nama dhiyeesseen adda bahee galmee garee gaggeessa Qorannoo fi Qorannoo dhaabbataa irratti galmaa'ee ol kaa'amuu qaba.

3. Sadarkaan Qorannoo fi Qorannoon eeyyamame tokko irra jiru kan ibsu galmeen hordoffii miseensota adeemsa hojii Qorannoo fi Qophii Wixinee Seeraa dhaabbataa ta'e jiraachuu qaba.
4. Qorannoo dhiyaate keessa kan hunda caalu filamee akka maxxanfamu taasisuu
5. Qorannoo ykn Qorannoon gaggeeffamu:
6. Rakkoo qoratame;
7. Nama qorate;
8. Gosa Qorannoo(research type);
9. Bara qoratame
10. Qaama deeggarsa maallaqaa taasise;
11. Baasii qorannichaaf oole fi
12. Qaama bu'aan qorannichaa dhiyaateefiin adda ba'ee galmaa'ee qabamuu qaba.

## KUTAA-AFUR
## TUMAALEE ADDA ADDAA

### 50. Raawwii Maanuwaalichaa Hordofuu fi Too'achuu

Maanuwaalichi sirriitti hojii irra ooluu isaa mirkaneessuuf, akkaatuma barbaachisummaa isaatti Adeemsichi hordoffii fi too'annaa taasisuu fi tarkaanfii barbaachisaa fudhachuuf aangoo fi itti gaafatamummaa ni qabaata.

### 51. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Dhorkaan ykn daangaan seerota rogummaa qabaniin ifaan tumame akkuma eegametti ta'ee, Qorannoo bu'uura Maanuwaalii kanaan gaggeeffamuun walqabatee, qaamni Biirichaa dhimmi ilaallatu kamiyyuu odeeffannoo, ragaalee ykn deeggarsa barbaachisaa Adeemsichi ykn Qorataan gaafatu kennuuf itti-gaafatamummaa qaba.

### 52. Hojimaata Raawwatamummaa Hin Qabne

Hojimaatni ykn maanuwaaliin ykn barmaatileen Maanuwaalii kanaan wal faallessu kamiyyuu dhimmoota Maanuwaalichaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

## 53. Guyyaa Maanuwaalichi Hojiirra Itti Oolu

Maanuwaaliinkunguyyaa Koree Manajimantii Biirichaatiin mirkanaa'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

KUTAA TORBA

## MIILTOOWWAN

Samuudni Gabateewwanii, uunkaalee fi gucoota adda addaa hojiiwwan Qorannoo Seeraatiif barbaachisoo ta'an armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

**Biiroo Haqaa Oromiyaatti,**

**Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa**

**Uunkaa-001**

**Gabatee-1:Istaandardii Hojiiwwan Qorannoo**

| T.L | Hojiiwwan Raawwataman | Yeroo fudhatu | QaamaRaawwatu |
|---|---|---|---|
| 1 | Gaaffii qophii wixinee seeraa keessummeessuu | Daqiiqaa 30 | Abbaa Adeemsaa |
| 2 | Dhimmoota seerri irratti akka bahu barbaadame irratti Qorannoo gaggeessu; | Hanga Ji'a 2 | Abbootii Alangaa Wixineessaa ykn Qaama dhimmi ilaallatu |
| 3 | Qorannoo gaggeeffame mariin gabbisu; | Guyyaa 2 | Garee Abbaa Alangaa Wixineessaa |
| 4 | Sirreeffama barbaachisu taasisuun qo'annicha xumuruu; | Guyyaa 5 | Garee Abbaa Alangaa Wixineessaa |
| 5 | Bu'aa Qorannoo taasifamee irratti hundaa'uun dhimmoota seerri haaraa irratti bahuu qabu ykn fooyya'uu qabu ykn qaawwa jiru adda baasuu; | Guyyaa 3 | " |
| Ida'ama | | **Ji'a 2 fi guyyaa 10 fi daqiiqaa 30** | |

**A. Ajaja Baasii (1)**

Lakk____________

__________

Guyyaa_____________________

*Ad/Hojii Karoora, Bittaa fi Bulchinsa faayinaansiitiif*

**BHO**

**Dhimmi :Ajaja Baasii Ta'a**

Obbo/aadde__________________________mataduree______________________irratti Qorannoo/ Qorannoo gaggeessuuf piroppoozalli dhiyeeffatan gareen mirkaneessa Qorannoon ga'umsi isaa waan mirkanaa'eef baasii hojii kanaaf oolu qarshii _____________(_______) baajata Qorannoof qabame irraa akka kaffalamu ni beeksifna.

*Nagaa Wajjin*

**G.G**

- W/ra Hoogganaa Biiroo tiif
- W/ra I/A Hoogganaa Biiroo tiif
- Ad/Hojii Qo/Qophii Wixinee Seeraatiif
- Walitti qabaa Garee Qorannoo yknQorannoo tiif

**BHO**

(Mata-Duree Qoranichaa)

Bu'uura Karoora Hojiilee Qorannoo Seeraa Biirichaatiin

Qorannoo Gaggeeffame

Qorataan: ………………………………………….

Gulaalaan: ………………………………………….

Biiroo Haqaa Oromiyaatti,

Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa

<u>(Ji'a, Bara)</u>

<u>Finfinnee</u>

<u>Biiroo Haqaa Oromiyaatti,</u>

<u>Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa</u>

(Mata-Duree Qoranichaa)

Maqaa Qorataa: ………………………………………….

Koree Mnajimantii Biirichaatiin Kan Mirkanaa'e:

A. <u>Walitti-Qabaa Korichaa:</u>

~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~

(Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

B. <u>Miseensota Korichaa:</u>

1. ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~

   (Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

2. ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~

   (Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

3. ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~

   (Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

4. ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~

   (Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

5. ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ ~~~~~~~~~~

   (Maqaa) (Mallattoo) (Guyyaa)

<u>Biiroo Haqaa Oromiyaatti,</u>

<u>Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa</u>

<u>Kakuu!</u>

Ani, Maqaa Fi Mallattoon Koo Armaan Gaditti Kan Ibsame, Hojiin Qorannoo Kun Hojii Haarawaa Dhuunfaa Kootii Ta'uusaa, Armaan Dura Guutummaanis Ta'e Gar-Tokkeen Biiroo Kanattis Ta'e Bakka Biraatitti, Nama Biroo Kamiiniyyuu Kan Hin Hojjatamin; Akkasumas, Maddootni Odeeffannoo Qorannoo Kanaaf Itti-Gargaarame
~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~

Hundi Sirnaan Kan Caqafamanii Fi Beekamtiin Kan Kennameef Ta'uusaa Jecha Kakuu Kiyyaan Nan Mirkaneessa!

Kakataa/Kakuu Gala: Mirkaneessaa Kakuu:

Maqaa: ____________________; ________________________

Mallattoo:____________________; ________________________

Guyyaa: ____________________; ________________________

Biiroo Haqaa Oromiyaatti,

Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa

Uunkaa-004

Guca Gabateen Karoora Tarreeffama HojiileeQorannoo fi Yeroon Raawwii Itti-Dhiyaatu

karooraTarreeffama Hojiiwwanii Fi Gabatee Yeroo Raawwii

Mata-Duree Qorannichaa: ________________________________

Adeemsa Hojii Qorannichi Irratti-Gaggeeffamu:____________

| Lakk | HojiiwwanRaawwataman | Qaama Raawwatu | Yeroo Raawwii | Xiinxala |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sadarkaa 1ffaa:<br>Dhimmoota Qophii Duree | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | 1.1 | Mata-Duree Qorannoo Filachuu | | | |
| | 1.2. | Barreeffamoota Firoommii Qabanii Xiinxaluu | | | |
| | 1.3. | Gumee QorannooQopheessuu Fi Mirkaneessuu | | | |
| 2 | Sadarkaa 2ffaa: Odeeffannoo Sassaabuu | | | | |
| | 2.1 | Meeshaalee Sassaabbii Odeeffannoo | | | |
| | 2.2 | Gucootaa fi uunkaalee af-gaaffii, gaaffii barreeffamaa fi kkf qopheessuu | | | |
| | 2.3 | Hojiilee af-gaaffii, gaaffii barreeffamaa, daawwannaa qaamaa fi kkf raawwachuu | | | |
| | 2..4 | Boqonnaalee Tokkoo fi Lama Barreessuu | | | |
| 3 | Sadarkaa Sadaffaa: Odeeffannoo Xiinxaluu | | | | |
| | 3.1 | Odeeffannoo Gabateen Gurmeessuu | | | |
| | 3.2 | Odeeffannoo xiinxaluu fi bu'aa argame hiikkoo itti kennuu | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Sadarkaa Afuraffaa: Gabaasa Qopheessuu | | | | |
| | 4.1 | Boqonnaalee Sadii fi Afur Barreessuu | | | |
| | 4.2 | Wixinee Duraa Qorannichaa Qopheessuu Fi Dhiyeessuu | | | |
| | 4.3 | Bu'uura Yaadota (Dabalataa/ Fooyya'iinsaa ), Qeeqotaa Fi Duub-Deebii Argame Iratti Hundaa'uudhaan WixinichaGabbisuudhaan, Fooyyeessanii Qopheessuu | | | |
| | 4.4 | Waraabbii Dhumaa Gabaasa Qorannichaa Qopheessuu fi Dhiyeessuu | | | |

Maqaa Qorataa ________________Maqaa Mirkaneessaa____________

Mallattoo________________________________Mallattoo_______________

Guyyaa_________________________________Guyyaa_________________

Guyyaa Karoorichi Itti-Dhiyaate____________________

Qaama Fuudhu:

Maqaa:______________________________

Mallattoo:_________________________________

Yaada Dabalataa:

______________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________
____________________________________________

Biiroo Haqaa Oromiyaatti,

Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo Fi Qophii Wixinee Seeraa

Uunkaa-001

A. Guca Iyyannoon/Mata-Dureen Qorannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-002

B. Guca/Iyyannoon Gumee Qorannoo Itti Dhiyaatu

Uunkaa-003

C. Guca Madaallii Gumee Qorannoo

Uunkaa-004

D. Guca Gaaffii Deeggarsaa

Uunkaa-005

E. Guca Xalayaa Baasiin Itti Ajajamu

Uunkaa-006

F. Guca Gabateen Karoora/Tarreeffama Hojiilee fi Yeroo Raawwii Qorannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-007

G. Guca Gabateen Maddootaa fi Malli Sassaabbii Odeeffannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-008

H. Guca Gabaasni Qorannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-009

I. Guca Gabateen Hordoffii Hojiirra Oolmaa Bu'aa Qorannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-010

J. Guca Gabaasni Hojiirra Oolmaa Bu'aa Qorannoo Itti-Dhiyaatu

Uunkaa-011

K. Guca Gabatee Madaallii Gumee Qorannoo